**Labsa Tumsa Bilisummaa fi Demokraasii Ummatootaa**

**(ABO, ABBO, ABS fi kaadhimamtoota TBD biroo)**

Wal tumsitoonni Oromoo, Ogaadeen, Sidaamaa fi kaadhimamtoonni TBD biroo olitti maqaan isaanii tuqame:

Haala yeroo ammaa Itoophiyaa keessaa, sadarkaa qabsoon farra-sirna aangoo irra jiruu irratti argamuu fi akka tasaa dhabamuu hogganaa sirnichaa Mallas Zeenaawii kan waggoota digdamii tokkoon dabran biyya bitaa tureetiin wal qabatee afanfaajjii dhalate hubachuun;

Sirni aangoo irra jiru carraa Mallas Zeenaawii mudate irratti ummatoota Itoophiyaa gowwoomsuu fi haala bittaa fi ukkaamsaa ture akkuma jirutti itti fufuuf barbaaduu isaa irraa yaaddaáuun;

Murnoonni mormitootaa tokko tokko jijjiirama hawaasummaa fi siyaasaa waggoota afurtamman dabran Itoophiyaa keessatti mulátan amananii fudhachuu fi kabajuuf fedhii agarsiisuu hanqachuu isaanii fi laalcha siyaasaa dullacha durii kan bardhibbee 21ffaa kana keessa fudhatama hin qabnetti cichanii mirga hiree murteeffannaa ummatoota Itoophiyaa keessaa dura dhaabbachuu isaanii gamaaggamuudhaan;

Mormitoonni siyaasaa gariin waltajjii adda addaa irratti muláta egeree siyaasaa Itoophiyaaf qaban yoo dubbatan, ummatoonni cunqurfamoon kan dhufaatii sirna aangoo irra jiru duraa jalqabee sirna mootummaa keessatti hammatamuu dhorkamanii moggeeffamaa fi gabroonfamaa jiraatan, gadi qabaa kana jalaa bahuuf qabsoo bara dheertuu geggeessaa yoona gahan humnoonni kun dura dhaabbachuuf hawwii qaban ibsachuu isaanii waan xiinxalleef;

Gurmuuleen siyaasaa mormituu tokko tokko mirga hiree murteeffannaa sabaa fi sablammootaa kan sirni aangoo irra jiruyyuu sadarkaa yaadaatti fudhatee dalagaa irra garuu oolchuu dide ciruma isaa of duuba deebisuuf  hawwii guddoo qabaachuu isaanii gadi fageenyaan waan hubanneef;

Ummatoonni cunqurfamoon dhiiga isaanii dhangalaasuudhaan mirga isaaniif falmachaa turanii fi harás sirnoota cunqursoo Itoophiyaa dhufaa dabran irratti falmaa geggeessaa jiran injifannoo qabsoo isaanii kan hanga ammaatti harkaan gahatan akka duubatti deebiú gonkumaa kan hin eehamne tahuu akeekkachiisuudhaan;

Tumsi Bilisummaa fi Demokraasii Ummatootaa irra deebiée fi gad jabeessee wantoota armaan gadii hubachiisa:

1. Karaa nagaa fi sirnaawaa taheen aangoo siyaasaa ummatoota Itoophiyaatti dabarsuun kan dandaámu konfaransii walii galaa kan bakka buóota sabootaa, sablammootaa fi ummatootaa, akkasumas, warra demokraasii dhugaa fiduuf of kennee sirna impaayerummaa Itoophiyaa jijjiiruuf muratan hammate geggeessuu qofaan taha;

2. Egeree caasaa siyaasaa Itoophiyaa sirreessuun kan dandaámu, mirgoota hiree murteeffannaa, mirgoota dhuunfaa fi waloo dabalatee dirqamatti seerota demokraasii dhugaa irratti hundaawuun qofa taha;
3. Jijjiirraaleen siyaasaa fi caasaan malbulchiinsaa waldhibdee siyaasaa bara dheertuu furuu dandaán Itoophiyaa keessatti kan dhugooman, fedhii fi amantaa sabaa fi sablammoota impaayera Itoophiyaa keessaa mara irratti yoo hundaawan qofa;
4. Sirna aangoo irra jiru dabalatee gurmuun kamuutuu egeree sabootaa fi sablammoota Itoophiyaa keessaa anatu-siif-beekaadhaan murteessuufii hin danda'u;
5. Tumsi Bilisummaa fi Demokraasii Ummatootaa sabootaa fi sablammoota sirna bittaa Itoophiyaa jalatti cunqurfamaa yoona gahan hunda tokkoomsee qabsoo mirga bilisummaa fi demokraasii waaltawaa akka finiinsan qooda gama isaa dachaa dachaadhaan ol guddisa;
6. Hawaasni addunyaa fedhii, hawwii fi mirgoota sabaa fi sablammoonni Itoophiyaa keessaa hundi qaban kabajanii akka tumsanii fi haalli siyaasaa amma jiru bifa kanaan kan itti fufuu hin dandeenyee fi balaa biraa dhalchuutti kan tarkaanfatu tahuu isaa akka hubatan yaadachiisa;

Maayyii irrattis, Tumsi Bilisummaa fi Demokraasii Ummatootaa, mootummaa aangoo irra jirus dabalatee paartiilee dhimmichi isaan laalu mara, akkasumas, bakka buóota sabootaa fi sablammootaa cufa kan hirmaachisu, kufaatii fi afanfaajjii siyaasaa fi hawaasummaa impaayera Itoophiyaa mudatee jirutti xumura kan tolchu qindeessitummaa hawaasa addunyaatiin konfaransiin walii galaa akka hiree kana keessatti geggeeffamu waamicha dhiheessa.

ABBO

ABO

ABS

Kaadhimamtoota TBD haaraya

Qunnamuuf: thepeoplesafd@gmail.com